# Odeessa Sagalee Qeerroo Bilisummaa

## Waxabajjii 14,2015

Mootummaan oftuultuun abbaan irree wayyaanee, “otoo dhirsa hin argiin siree… akkuma jedhan barri bittaa aangoo ishii itti fufuu isaa otooma hin mirkaneeffatiin bajeeta bara dhufuu ramdachuu jalqabdee jirti. Haata’u malee karaa ergamaa ishee Suufiyaan Ahimad Paarlaamaa mana maree federeeshinii wayyaanotaan guutameef dhiheessee jira.

Akka buchullichi wayyaanee Suufiyaan Ahimad Jedhutti bara itti aanuuf baajatni wayyaanee barbaachisu qarshii Biiliyoona 223.4 yoo ta’u isa kana keessaa Qarshii Biiliyoona 38fi Miiliyoona 693tii ol Gargaarsaan kadhaatiin biyyoota dureyyii irraa argachuuf karoora baafataniiru. Kun kanaan otoo jiruu akka isaan karoorfatanitti otoo qarshii Biiliyoona 38tii ol isaan kadhaa irraa arganna jedhan otooniif argatan illee, Qarshii Biiliyoona 27 tii ol ammoo bakkuma fidanii guutan  kan hin qabne ykn hindandeenye hir’inni baajataa isaan mudachhuun irra gahameera.

Paartiileen siyaasaa mormitootaa otoo irratti hin hirmaatiin paarlaamaa wayyaanonni qofti itti guutaniin muummicha ministeera Wayyaaneen kan paarlaamaa wayyaaneef dhihaatee sagalee  guutuun filatamee taayitaan mirkanaa’eef Boordiin filannoo Itooppiyaa distii-mukaa ibiddarra taa’uufi taayitaa tokkollee hin qabu kan jedhan mormitoonni paartiilee siyaasaa bakka daldaltoonni hin jirretti ministeera Daldaltootaa dhaabuun gatii hin qabu. Bakka demokiraasummaan, haqaqabeessummaan hin jirrettis filmaanni gatii hin qabu jedhaniiru.

Keessaafuu, abbaa dhimmaa kan ta’e uummatichi bal’aan anaan maaltu nadhibe jedhee qarqara dhaabbatee ilaaluu dhiisee addattimmoo dargaggoonni gaafatammumaasaanii bahuu akka qaban cimsanii akeekkachiisaniiru.

Hayyootiin gurguddoon kanneen akka Dr. Mararaa Guddinaa, Filmaanni akkasii jaarraa 21ffaa keessa haaturuutii barootta Ariistootilfaallee seenaa addunyaa keessatti takkaa argamee; dhagahamee hin beeku jechuun isaanii niyaadatama.

Godina addaa Naannoo Finfinnee Aanaa Buraayyuu …….Ganda Noonnoo/Ashawaa Meedaa/ jedhamuun beekamutti Wayyaanonni qonnaan bultoota abbaa warraa 155 ol ta’an laf qonnaa isaanii irraa buqqisuun investerootatti gugurachuun isii beekame.

Qonnaan bultoonni kunneen hanga muummicha ministeeraatti koree isaan bakka bu’u ijjaarratanii yoo iyyatan illee namni abbaa kanaa isaan jedhu dhabameera. Kun kanaan otoo jiruu mataa isaaniifi ilmaan isaaniif illee mana jireenyaa irratti ijaaruuf haayyama dhabaniiru. Aanaa kana keessatti dhimma kamuu fixachiifachuuf qonnaan bultoonni matta’aa akka gaafataman beekamaadha. Manuma jireenyaa mataa isaaniitiin keessa jiraaytaniif illee

kaartaa baafachuuf kan seeraan gaafataman malee seeraan ala qarshii kuma 60 hanga 70 akka gaafataman hadhaayanii ibsachaa jiru.

Godinoota addaa Naannawa Finfinnee keessatti wayyaaneen duula human elektirikaan gaggeessaa jirti! Filmaata kana irratti godinoonni Oromiyaa kun wayyaanee filatuu dhabuun paartii Madirak filachuu isaatiin kan aarani warri wayyaanee human elektirikaa humnaa ol gadlakkisuun manneen godinoota kana keessatti argaman meeshaaleen elektirooniksii kanneen akka televizyinaa, firiijaa, teeppii, raadiyoonaa, kompiiyuteraa, ampoolifii kk fakkaatan akka jirutti gubachuun isaa mirkanaa'eera.

Amma duras uummata kana aarsuun akka magaalaa Finfinnee jala galan gochuuf yaalaa kan turan yoo ta'u inni ammaa kun garuu kasaaraa hedduu namoota irraan kan ga'e ta'uu jiraattonni dubbachaa jiru. Kun kanaan otoo jiruu hangamillee uummanni filmaata irratti yoo paartii Madirak Filate illaa, warri wayyaanee shiraafi humnaan sagalee uummataa akkuma dur baranitti saamanii kan fusdhatan ta'uunis hubatameera.

**BORU HIN BEEKNEEN, QADABUKOONSHEE LAMA!**

Wayyaaneen waan dinagdeen guddatte of fakkeessuf jettee bajeta karoorfatte walitti erbuu dadhabdee suphuuf  joonja'aa jirti. Akka taayitaa irra turtu otoo hin beekiin karoora waggoota jaatamaa baafchuun kan beekamtu wayyaaneen, otoo kaazinaa keessaa homaa hin qabaatiin karoora qarshii Biiliyoonotaa baafachuunis amala uumama isheeti! Wayyaaneen dhaaba biddeena abjuu nyaachaafii nyaachisaa fakkeessaan qofa jiraattudha. Otoo gootummaa hin qabaatiin dirree qullaatti geeraruun, otoo ofiifuu nagaa hin qabaatiin nageenya kabajsiisuuf biyyoota kaaaniif dirmachuun, otoo hin guddatiin gudadheera jechuun dhaadachuun, Otoo amala maafiyummaa ishee hin dhiisiin akka mootummaatti of himuun, otoo hin mo'iin mo'uun, otoo hin filatamiin filatamuun kkf wanti wayyaaneen of fakkeessuuf hin yaalle hin jiru. kamtu himamee kamtu dhiifamaa? Kan qaanii hin beekne jaarmiyaan hattootaafii saamtotaa biyya keenya weerarte kun akkuma mootummaatti uf shallagdee baajeta ishee lafa godhachuuf yaaltus, bukooshee icciitii keessashee kan saaxilte malee bu'aa itti argattu tokkollee hin jiru! Har'a namni wayyaanee hin beekne hin jiru.

Jidduu kanammoo paarlaamaa wayyaanee keessaatii gabaasaa fakkaatee lallaba waamicha gargaarsaa Faranjootaaf dabarsaniiru warri wayyaanee. Kunis gabaasaa baajata bar dhufuu ilaalchisuun wayta karoora isaanii ibsan, Bara dhufu walumaa galatti mootummaa wayyaanee lubbuun jiraachisuuf qarshiin Biiliyoonna 223.4 akka ishee barbaachisu ibsameera.

Qarshiileen karoorfatame kun irra guddaan isaanii hojiif otoo hin tane malaammaltummaan abbootiin aangoo wayyaaneefi jala adeemtonni ishee kan itti bacarraqan ta'uun mamii hin qabu.

Qaama biraa ykn mormitootaa dhiifnee qaamuma mootummaa wayyaanee kan ta'e muummichi oodiitii wayyaanee illee yeroo gara garaatti akka gabaasetti. Kaazinaa mootummaa keessaa qarshiin seeraan ala baasii taasifamanii akka bahanii maqfaman ibsaa tureera.

Dabalataanis Komishinii farra malaammaltummaa jedhamuun kan hundaaye-dhaabbanni malaammaltummaa wayyaaneetiis gabaasaa inni bara dabre qofa dhiheesse yoo yaadanne yakkoota mana hojii mootummaa wayyaanee keessatti gaggeefaman otoo gurgurtaa lafaa hin dabalatiin, himattoota kuma lamaafi dhibba shanfi afurtama. Kan qulqulleeffate yoo ta'u, isaan kana keessaa, yakkoota 1,426 kan ta'an/dhibbantaa 56'n isaanii jechuudha/ sababoota abbootii taayitaa sodaachisoo ta'aniif himata irratti dhiheessuu sodaatee dhiisuu isaafi dhibsiisaa ta'uu isaa ifa taasisee ture.

Yoomillee milkoominni kan isheerraa fagaate wayyaaneen, waggoota dheeraa dura uummatichi guyyaatti al sadii akka nyaatu ni goona jechaa akka turan ni beekama. Haa ta'u malee uummatichi hiyyummaan gaadi'amee karatti deebi'u wallaalee inni kaan kadhaaf daandii irratti baheera. Dubartoonni daa'imman dabalatee qaama ofii dabballoota wayyaaneef gurguratanii buluu ta'eera. Maanguddoon soorama dhabdee galgala keessa kadhaatti bobba'aniiru. Dargaggoonni biddeena barbaacha biyyaa ba'anii galaanaan nyaadhamanii irbaata naachaa ta'aa jiru. Habaleen gorra'amaa ibiddaan gubachaa akka jiran ija uummata addunyaa duraa kan dhaokate miti. Kun kanaan otoo jiruu warri wayyaanee dinagdeen biyyattii guddachuu isaa mediyaatiin hamma gurra namaa duuchanitti hololu. Dhugumatti biyyittii otoo hin taane miseensonni wayyaanee kiisiin isaanii furdateera. Dhugumatti biyyattii irratti guddinni galmaa'ee jiru kan wayyaanotaa, dabbaloota wayyaanee, kaabinoota wayyaanee, miseensota isheefi kan kaanpaaniilee Chaayinaa qofadha.

Biyya galiin nama dhuunfaa waggaatti doolaara dhibba sadiifi sagaltamii ja'atii gadi ta'etti bara baraan guuddannee biyyoota guddina jidduu galeessa ta'an dhaqqabanna je'anii karoorfachuun hangam takkaa buddeena abjuu wayyaaneen uummaticha nafaqxu/nyaachiftu akka ta'e mirkani.

Baajeta amma ramadachaa jiran kana warri wayyaanee karaa garagaraa baasanii Baankii Siwiiz itti galfatu. Pirojeectii gara garaa qopheessuun liqii maqaa uummata keenyaan biyyoota duureyyii irraa fuudhanii kan kaameraa keessa seenuu danda'u kanneen akka daandii, riqichaafi gamoowwan tokko tokko Kaampaaniilee Chaayinaa waliin ta'uun hojjetu. Ishee kana fooddaa talavizyiniitti agarsiisuun biyya guddifne jechuun uummata sobu.

Wayyaaneen biyya guddisuu haa turuu uummata biyyatti guyyaa tokkoofillee akka namaatti ilaaltee illee hin beektu! Waa'ee guddina biyyaa odeessuun dura saba tokkoof waa'ee mirgaa odeessuutu dursuu qaba.

Haa ta'uyyuu malee qabxiilee demokiraasiin ittiin madaalamu hedduu keessaa tokkollee biyyattii keessatti hin guutamne. Filmaanni haqa qabeessa hin jiru, Harki irra jireessaa lammii biyyattii murteessaa hin jiru, paartiileen siyaasaa mataa baafachuu hin danda'an, mediyaan walabaa gonkuma hin yaadamu, olaantummaan seeraa hin kabajamu, wayyaaneen seera kamiinuu olidha. Kkf

Abbootiin aangoo wayyaanee amma ammafaa ammo dhoksaa tokko malee dhiigni isaanii gubboo/matta'aa malee hin socho'u! Lafti qotee bulaas akkasuma xaa'oo barbaada. Gatiin xaa'oos baaxii uree ba;ee to'annaatiin ala ta'eera. Kaffaltiin gibiraafi xaa'oo qolee qotee bulaa keenya cabseera.

Yeroo har'aa kan itti tolee basha'aa jiraatu gama hundaanuu wayyaaneefi dhaloota isaanii qofadha. Dhalattoonni wayyaanee mootummaaf gibira hin kaffalan. Meeshaalee isaan barbaachise cufa qaraxa malee karaa gumruk galfatu. Galii biyyattiin argachuu qabdu illee hin galchan. Waa halle meeshaalee xixiqqaa irraa hanga warshaalee gurguddootti hashuura tokkollee otoo hin kaffaliin galfatu. Kunis kan ta'e bakkicha to'atee kan jiru isaaniifi nama isaanii waan ta'eefidha.

Haala kanaan meeshaalee galchan kanas akka barbaadanitti gatii itti fe'uun fannisanii qaalessuun uummata saamu. Walumaa galatti meeshaalee isaan harkaa qaban seera gabaa bilisan gurguru, ammo meeshaalee isaan harkaa hin qabne yoo ta'e ammo seera gabaa to'annaatiin sakaalanii akka rakasu godhu. Seerri biyyattii irratti guyyaa darguun kufe irraa jalqabee bahe hundisaa sababaa qaba. Innis fayyadamumaa wayyaanee eegsisuuf kan bahanidha. Akkuma meeshaan muuziqaa akkaataa yeedalaatiin qaanya'amutti seerrai biyyattii cufti fayyadamummaa wayyaanee eegsisuuf kan bahanidha.

Kun hunduu ta'ee garuu sababaa kufaatii biyyattii kanaa ta'aa kan jiru ammo, biyyattiin daldalaafi galiin ishee kan sharafa alaa wal madaaluu dhabuu isaati. Kunis meeshaalee isheen alarraa bittee kara biyya keessaatti galchituufi meeshaalee isheen gara alaatti ergitu wal baachuu dadhabuu isaa irraati.

Kunis, meeshaalee isheen alarraa daldaltoota wayyaaneefi kaampaaniilee wayyaaneen qarshii biyyattiitiin guurtee gara biyya keessatti galchitu hedduudha. Kana gubbaatti wayyaanota lammataa biyyittii koloneeffatan daldaltoota chaayinaatu alarraa meeshaalee biyyattii irratti gad naqa. Hammi meeshaa alaa galu kun ammo dinagdee biyyattii xuuxee duwwaa gochaa jira. Biyyattiin ammo hammi isheen gara biyya alaatti ergitee galii argattu xiqqaadha. Isaan kunis to'annoo wayyaanotaa jala waan ta'aniif malaan maltummaan gara kiisii wayyaaneetti malee kara kaazinaa uummataatti hin seenan. Sababaa kanaan biyyattiifi uummanni ishee harka qullaatti hafaa jirra.

Guutuu biyyattii irratti qaala'insi jireenyaa dhufuun sababiinsaa inni guddaan kana ta'uu beekamuu qaba. Hammi nuti binnuufi hammi nuti gurgurru hamma wal hin madaalletti dinagdeen biyyattii xuuxamuun isaa itti fufa. Madaalaan daldala alaa kun wal baachuu

baannaan biyyi akka biyyaatti itti fufuun ishee gaaffii keessa seenaa adeema. Qaala'insi jireenyaas daran daran itti fufa. Madaala kana eeguuf jecha gangalatee dhufee tokko tokkookeenya gatii kaffalchiisuu irratti argama. Sababni humni bittaa maallaqa biyyattii kanaa kuffiises isa kanadha.

Sanumayyuu akka olitti tuqametti hanga danda'ametti ammoo miidhaan kun uummata Oromoo irratti malee wayyaanotatti akka hin buunetti bocama seerichi biyya Itoophiyaa. Akkuma wayyaanotaaf tolutti akka kiraaraa qaanya'u! Kunis meeshaalee barbaadan gabaa bilisaa godhu, meeshaalee barbaaabaadan ammo seera gabaa to'annaattiin hidhanii to'atu. Meeshaalee barbaadan irratti qaraxa dabalu meeshaalee barbaadan irraa qaraxa hir'isu, meeshaalee barbaadan hashuura kaffalchiisu meeshaalee barbaadan ammo hashuura malee galfatu, kkf yoo barbaachisaa ta'emmoo baankii daldala Ethiopia irraa hamma barbaachise liqaan fuudhdhanii abbaa barbaadaniif qaanii tokko malee rabsu….. Olaantummaa seeraa jechuun wayyaaneedha hamma ta'etti wayyaneef hundumaa gochuun danda'amaafii.

Egaa wayyaanonni hamma nyaatan nyaataniiru, waan biyyittiin qabdus hin hambifne ammammoo biyyittiin ofiifuu qullaa hafteetti maal nyaatu laata? Gaaffii guddaan isa kanadha!!!

Uummanni addunyaas ta'u gargaarsa kennee dadhabeera. Ammaa booda Itoophiyaan carraa isheen qabdu akkuma Giriik jeeqaminsa kufaatii diinagdee keessa seenuudha. Kun waan hin oolle ta'uu hubanna. ''ani nan jira malee gogaankoo gabaa jiraa?" akkuma hoolattiin jette biyyattiin idaa mataashee gubbaa jiru baachuu hindandeessu, ammas liqii biro ishee barbaachisa. Isammoo namni itti kennu ammaa booda hin jiraatu! Kanaafuu gogaan ishee gabaa ba'uu taa'a akkuma hoolittii. Icciitiin ishee dirreetti bahuuf taa'a!!

Baajeta bara itti aanutti barbaachisu ergamaan wayyaanee Obbo Suufiyaan Ahimad eengadda paarlaamaa wayyaaneef yeroo dhiheessan kasaaraa jiru hin dhoksine. Akka isaan uummata addunyaaf mediyaatiin ibsanitti aangoo wayyaanee itti fufsiisuuf baajatni qarshii Biiliyoona 223.4 barbaachisa.

Qarshiilee barbaachisu kana keessaa qarshii Biiliyoona 38.7 biyyootiin michuu Itoophiyaa ta'an gargaarsaan nuuf kennu jennee eeggaanna, isa kaan ammo liqaa fudhanna. Garuu, hamma isaan nu gargaaruu danda'an qarshii Biiliyoona 38.7fi hamma nuti liqiitiin argannu malee ammo garshii Biiliyoona 27.6tii ol ammo ammallee dabalataan bakka irraa fidnu kan hin qabne nu hir'ata jedhaniiru.

Qarshii Biiliyoona 27.6 isaan hir'ate kana qofaa otoo hin taane qarshii Biiliyoona liqaan argama jedhanii gargaarsa of dura argachuu danda'anitti kan karoora baafatan warri wayyaanee, isumayyuummoo eessaa argatu laata? Gargaarsa maleemmoo liqiif kan karoorfame kanaawo?

Duratti illee mootummaan Ameerikaafi Noorway faatu Sababa shororkeessitoota waliin to'annafaa jedhee gad itti naqa. Sanumaayyuu abbootiin taayitaa wayyaanee doolaara gargaarsaan argamu kana gugurtaa Warqii Shaakkisoo irraa argamu waliin gara baankiilee biyya alaatti godaanuu isaafi wayyaaneen ofiifuu shororkeessituu ta'uu ishee irra ga'anii fuula itti guuraniiru. Amma boolla maaltu wayyaanee liqimsaree?

Garuu, kan nama dinqu, wayyaaneen otuma biyyattiin hir'ina baajataa hamma kanaa qabduutii kan isaan du'a Mallas Zeenaawiif biilboordiif maallaqa miiliyoonotaan lakkaa'amu baasanii itti taphatan? Maallaqa dila sana baasuun kan isaan filmaataaf Biilboordiilee, tiishartiilee, mmiliyoonotaan lakkaa'amu baasanii itti taphatan?

Boru hin beekneen qadabukoonshee lama kan jedhan kunoo kan akka wayyaanee kanadha

Hariiroo Jorgootiin(Qeerroo Bilisummaa Oromiyaa)